# “Gooftaan istighfaaraa

Shaddaad bin Aowsi irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- ni jedhan: “Gooftaan istighfaaraa ati akkas jechuudha: Yaa Rabbi Ati Gooftaa kooti si malee haqaan gabbaramaan hin jiru, situ na uume ani gabricha keeti, hamman danda'een ahdii keeti fi waadaa kee irra jira, hamtuu waanan hojjedhe irraa sitti maganfadha, qananii ati na irratti oolte siif raggaasisa, dilii koos siif raggaasisa, kanaaf naaf araarami, si malee kan namaa araaramu hin jiru", ni jedhani: "Namni isii dhugoomsaa haala ta'een guyyaa keessatti isii jedhee, osoo hin galgalaayin du’e, inni warra jannataa irraayi, namni isii dhugoomsaa haala ta'een halkan keessatti isii jedhee, osoo hin bari'in du’e, inni warra jannataa irraayi".

[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatuu- istiglfaaraf jechoonni hedduun akka jiranii fi isaan keessaa inni irra caala fi irra guddaan gabrichi akkas jechuu akka ta’e himan: "Yaa Rabbi Ati Gooftaa kooti si malee haqaan gabbaramaan hin jiru, situ na uume ani gabricha keeti, hamman danda'een ahdii kee fi waadaa kee irra jira, hamtuu waanan hojjedhe irraa sitti maganfadha, qananii ati na irratti oolte siif raggaasisa, dilii koos siif raggaasisa, kanaaf naaf araarami, si malee inni dilii araaramu hin jiru". Garbichi dursee Rabbiif tokkichummaa ni amana, akkasumas Rabbiin uumaa isaati fi gabbaramaa isaa kan hiriyaa hin qabne ta'uu fi innis akka dandeettii isaatin Isatti amanuu fi Isa tole jechuu irraa waan Rabbii ol ta'eef waadaa gale irra akka jiru ni amana; sababni isaas gabrichi hanga fedhe yoo Rabbiin gabbareeyyuu hunda waan Rabbiin isa itti ajajee fi qananii irratti Rabbiin galateeffachuu irraa waan dirqama ta'e raawwachuu waan hin dandeenyef jecha, akkasumas inni gara Rabbitti hirkatee, Isa irraa tika akka barbaadu amanuudha qaba; sababni isaas Inni dhugumatti sharrii gabrichi hojjate irraa kan itti maganfatamu waan ta'eef jecha, Akkasumas gabrichi qananii Rabbiin isaaf godhe beekee, badii fi yakka isaatin gara ofitti deebi'uudha qaba, Rabbitti waywaatuu kana booda, irra darbuu Isaati fi tola Isaatin akkasumas rahmata Isaatin badiiwwan isaa akka Rabbiin isaaf dhoksee rakkinoota isii irraa isa tiksu Rabbii isaa kadhata; sababni isaas Rabbii ol ta'e malee kan badiiwwan namaaf dhiisu waan hin jirreef jecha. Ergasii Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- zikriin kun zikrii ganamaa fi galgalaa keessaa tokko ta’uu isaa himan, namni mirkaneeffatee isa jedhe, hiika isaas of dura qabee itti amanee jalqaba guyyaa isaa irratti, inni yeroo bahiisa aduuti fi jallatiinsa isii giddutti jiruudha, kunis yeroo guyyaati, eegasii du'ee jannata ni seena, Namni halkan keessatti isa jedhee, innis aduun lixxee hanga bari’utti, eegasii osoo hin bari'in du’e, Jannata ni seena.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee